ILAALCHA WAA.EE IYYASUUS CUBBUU ILMA NQMAATIIF DHUFE KAN JEDHU ILAALCHI.EE .

- Barsiisni Haqamuu Cubbuu Kun Kan Bataskaana Biratti Fudhatama Argate Erga Yasuus Gara Samii Ol Ba.We Jaarraa Sadi Hanga Afurii Booda Ture. Akka Keewwatoonni Kanatti Aanan Mul.Isanitti .Barsiisichi Mataan Isaa Yaada Macaafa Qulqulluu Kan Kqnatti Aanan Wajjin Wal Faallessa.,:-

"Namni Adduma Addaan Cubbuu Ofii Isaatiif Haa Ajjeefamu Malee, Abboonni Ilmaan Isaaniif Hin Ajjeefamin, Ilmaanis Abboota Isaaniif Hin Ajjeefamin!" ***Seera Kessa Deebii. 24: 16***

"Garuu Namni Ija Waynii Dhangaggaa'aa Nyaate Hundinuu, Ilkaanumti Ofii Isaatii In Hadooda; Namni Yakke Hundinuu Yakkuma Ofii Isaatiitiif In Du'a." Ermiyas Raajichaa. 31: 30

19 Isin Garuu "Ilmi Maaliif Yakka Abbaa Hin Baatu?" Jettanii In Gaafattu; Ilmi Wanta Dhugaa Fi Qajeelaa Erga Hojjetee Seerrata Koo Hundumaas Erga Eegee, Inni Dhugumaan In Jiraata.

20 Lubbuun Isa Cubbuu Hojjetuu Haa Du'u! Ilmi Yakka Abbaa Hin Baatin! Abbaanis Yakka Ilmaa Hin Baatin! Qajeelinni Nama Qajeelaa Isumaaf Haa Lakkaa'amu! Jal'inni Nama Jal'aas Isuma Irraa Haa Barbaadamu!" Hisqiel 18:19-20

- Kanaaf Addaamii Fi Hawwaan Cubbuu Ofii Isaaniitii Hojjataniif Kan Gaafataman Ufuma Isaaniitiif Ture.Akka Barsiisa Qur.Aanaatti Garuu.Waan Gaabbaniif Rabbiin Dhiifama Isaaniif Godhee Jira

."Adfaamis Gooftaa Isaa Irraa Jechoota Fudhate,:Gooftaan Gaabbii Isaa Irraa Fudhqchuun Dhiifama Isaaniif Godhe.Inni(Rabbi)Irra Caala Dhiifama.Rahmatas Godhii Waan Ta.eef. Qur.Aanan Kabajamaa 2:37

- Warri Kiristaanaa Erga Ati Ragaa Kana Itti Himtee Booda Garuu Keewwatoonni Ati Kaafte Hundinuu Kakuu Moofaa Keessatti Argama Siin Jedhu.Mee Kakuu Haaraa Keessas Haa Ilaallu.

“61 Yesus, "Waaqayyo Akka Isinitti Hin Farannetti Isin Namatti Hin Faradinaa!

2 Firdiidhuma Isin Namatti Faraddaniin Isinittis In Faradama; Qodaa Safaraa Isin Itti Namaaf Safartanitti Isiniifis In Safarama.” Mat. 7:1-2

“Inni Dhaabe Isa Bishaan Obaasee Wajjin Tokko; Adduma Addaanis Akka Dadhabbii Isaatti Miindaa Ofii Isaatii In Fudhata.” 1Qor. 3: 8

“14 Yesus Immoo, "Lakkisaa Mucoolii Dhiisaa, Gara Koo Dhufuu Isaan Hin Dhowwinaa! Mootummaan Waaqaa Warra Akkasiitiif In Ta'a" Jedhe.

15 Yesus Harka Isaa Mataa Mucoolii Irra In Kaa'e; Kana Booddee Immoo Achii In Adeeme.” Maiwost. 19:14-15

- Kanaaf Namni Hundi Kan Dhalatu Cubbuu Irraa Qulqulluu Ta.Eeti.Data.Imman Hundi Daaltota Mootummaa Waaqaati.
- Kanuma Keesaa .Namni Seera Muusee Akka Dhiifamu Godhe Phaawuloos Ta.Uu Beektaa?Hojii Ergamootaa 13:38-39 Dubbisi:-

“38 Kanaafis Karaa Yesus Isa Du'aa Ka'e Kanaan Dhiifamuun Cubbuu Isinitti In Lallabama.

39 Irra-Daddarbaa Seera Museetiin Ittii Hiikamuu Hin Dandeenye, Hundumaattiis Hiikamuun Isumaan Akka Argamu Isin Biratti Haa Beekamu, Yaa Obboloota Ko! Yesusitti Kan Amanu Hundinuu Hiikama In Argata.”

- An Kan Baayyee Nadinqisiisu Kana. .Macaafni Qulqulluun Jecha Waaqati Moo? Jecha Phawulopsi? Wae.Ee Yasuus Du.Ee Due’Aa Ka’Uusaa Kan Barreessee Barsiise Phawuloosi .Ergaa Ximoteos Isa Lammaffaa 2:8 Dubbisi Kunoo:-

“Yesus Kristosin Isa Warra Du'an Keessaa Kaafame, Isa Sanyii Daawit Keessaa Dhalate, Akka Ani Wangeela Koo Keessatti Lallabetti Yaadadhu!”

- Egaan Yasuus Cubbuu Namaatiif Akka Hin Dhufne Hubanneerra.

Natti Fakkaata Dubbisuu Keessaniif Galatoomaa.Yaada Yoo Qabaattan 0905550014.